IslamHouse.com
Osoul Center




# القواعد الأربعة

# HUNDEEWWAN AFRAN

Qopheeysaan
**Sheekh Muhammad Binu Abdulwahhab**

Hikkaan
**Salahdin Ahmad**

Gulaala shekh
**Shekh Jamaal Shekh Muhammad (Abbaa Faaximah)**

OROMO
OROMOO
أورومو

# القواعد الأربعة


التأليف

**الشيخ محمد بن عبد الوهاب**

الترجمة

**صلاح الدين أحمد**

المراجعة

**الداعية جمال محمد أحمد**

مركز أصول
Osoul Center
www.osoulcenter.com

أُعد هذا الكتاب وصمِّم من قبل مركز أصول، وجميع الصور المستخدمة في التصميم يملك المركز حقوقها، وإن مركز أصول يتيح لكل مسلم طباعة الكتاب ونشره بأي وسيلة، بشرط الالتزام بالإشارة إلى المصدر، وعدم التغيير في النص، وفي حالة الطباعة يوصي المركز بالالتزام بمعاييره في جودة الطباعة.

+966 504 442 532
+966 11 445 4900
+966 11 497 0126
P.O.BOX 29465 Riyadh 11457
osoul@rabwah.com
www.osoulcenter.com



Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim



# SEENSA

Maqaa Allaahaatiin Eegala, Akkaan Uumaaf Rifataa, Akkaan Mararfataa.

Rabbii Guddaa, Arjaa Tahe, Rabbii Arshii Guddootiin Kadhadha, Akka Duniyaa Fi Aakhirattiis Isin Tiysu, Akka Rahmata Isaa Bakka Isin Jirtan Hundatti Isinii Godhu. Ammallee Akka Taatan Warra Oggaa Waa Arkate Galata Rabbiif Galchu, Kanneen Oggaa Hamtuun Isaan Tuyxe Sabbarru, Fi Kanneen Yoo Dilii Dalagan Towbatan. Dhugumatti Wanni Sadeen (Kanneen Du'aa'ii Keysatti Kadhataman) Kun Hundee Gammachuuti.

Rabbiin Isin Haa Qaceelchu: Gara Isaaf Ajajamuutti, Gara Haniifiyaa Karaa Nabi Ibraahimitti, Ikhlaasa Isiniif Kennuudhaan Akka Rabbi Qofa Gabbartanii Isa Khophxeysuudhaan Diin Isa Qofaaf Gootaniif Jecha.

Akka Rabbiin Ol Tahe Je'etti

﴿وَمَا خَلَقْتُ الْجِنَّ وَالْإِنسَ إِلَّا لِيَعْبُدُونِ﴾ [الذاريات: ٥٦]

***(Ani Hin Uumne Jinnii Fi Ilmaan Namaa, Akka Na Gabbaraniif Malee.)*** Suuraa Zaariyaat: 56

Kanaafuu Wanni Rabbiin Si Uumeef Isa Gabbaruuf Tahuu

Ega Beyte, Itti Aansuun Ibaadaan Towhiidaan Malee Ibaadaa Akka Hin Taane Beeki, Akkuma Salaanni Xaharaan Malee Salaata Hin Taanetti. Kanaafuu Yoo Shirkiin Ibaadaa Keysa Seente Ibaadaan Sun Hin Qeebalamtu Akkuma Najisni Xaharaa Oggaa Seene Balleysutti.

Kanaafu Shirkiin Oggaa Ibaadatti Laaqamte, Ibaadaan San Akka Hin Qeebalamne Fi Dalagaan San Hamtuu Tahuu Yoo Beyte. Namticha Ibaadaa Akkanaa Dalagu (Tan Shirkiin Itti Laaqamte) Warra Ibidda Jahannam Keysa Zalaalam Taa'u Akka Tahe Beynaan. Oggaas Mata Duree Waa'ee Shirkii Kana Qo'achuudhaan Baruun Qabxii Murteysaa Akka Taate Hubatta. Sababaa Kana Dubbisuutiin Rabbiin Hillima Shirkii Hamaa Irraa Si Tiysuun Ni Kajeelama.

Shirkii Baanee Rabbiin Ol Tahe Akkana Ja'a:

﴿إِنَّ ٱللَّهَ لَا يَغۡفِرُ أَن يُشۡرَكَ بِهِۦ وَيَغۡفِرُ مَا دُونَ ذَٰلِكَ لِمَن يَشَآءُۚ وَمَن يُشۡرِكۡ بِٱللَّهِ فَقَدۡ
ضَلَّ ضَلَٰلَۢا بَعِيدًا﴾ [النساء: ١١٦]

***(Rabbiin Hin Araaramu, Waa Isa Cinaa Qabu Ykn Isatti Sharraksiisuu, Garuu Waan Sanirraa Hafe Nama Fedheef Ni Araarama. Namni Allaahatti Qindeeyse Dhugumatti Jallina Fagoo Jallate.)*** Suuraa Nisaa'a : 116

Shirkii Duraa Bahuun Kan Dandayamu Hundeewwan Afran Itti Aanan Kana Beekuudhaani.



# HUNDEE 1FFAA

Kaafiroonni Nabiyyiin Keenya (Sallallaahu Aleyhi Wasallam) Itti Ergame Fi Isaaniin Lolaanii Ture Hundi Rabbiin Akka Khaaliqa Tahe, Akka Raaziqa Tahe Fi Akka Amriin Hundi Harka Isaa Jirtu Ragaa Ni Bahan, Garuu Kana Ragaa Bahuun Islaamummaa Keeysa Isaan Hin Neyne.

Kanaafis Ragaan Jecha Rabbii Ol Taheeti:

﴿قُلۡ مَن يَرۡزُقُكُم مِّنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلۡأَرۡضِ أَمَّن يَمۡلِكُ ٱلسَّمۡعَ وَٱلۡأَبۡصَٰرَ وَمَن يُخۡرِجُ ٱلۡحَيَّ مِنَ
ٱلۡمَيِّتِ وَيُخۡرِجُ ٱلۡمَيِّتَ مِنَ ٱلۡحَيِّ وَمَن يُدَبِّرُ ٱلۡأَمۡرَۚ فَسَيَقُولُونَ ٱللَّهُۚ فَقُلۡ أَفَلَا تَتَّقُونَ ٣١
فَذَٰلِكُمُ ٱللَّهُ رَبُّكُمُ ٱلۡحَقُّۖ فَمَاذَا بَعۡدَ ٱلۡحَقِّ إِلَّا ٱلضَّلَٰلُۖ فَأَنَّىٰ تُصۡرَفُونَ ٣٢ كَذَٰلِكَ حَقَّتۡ
كَلِمَتُ رَبِّكَ عَلَى ٱلَّذِينَ فَسَقُوٓاْ أَنَّهُمۡ لَا يُؤۡمِنُونَ﴾ [يونس: ٣١-٣٣]

***(Ja'iin (Yaa Muhammad: "Eenyuutu Samii Fii Dachii Keysaa Isin Razaqa? Ykn Eenyuutu Dhagayaa Fi Arkaa Handhurfatee Qaba? Ammallee Eenyuuti Jiraa Du'aa Keysaa Baasee, Duu'aa Jiraa Keysaa Baasa? Eenyuutu Amrii Hunda Garagaggalcha?" Isaaniis Ni Ja'an: "Allaah" Atis Ja'iin: "Duuba Rabbi Hin Sodaattanii (Qixaaxa Isaarraa)" Inni Allaaha, Rabbii Keysan Kan Dhugaati. Eega Dhugaa (Kanaatii) Jallina Malee Maaltu Jira, Akkamitti Irraa Garagaltan? Akkasitti Jechi Rabbii Keetii Warra Ajaja Rabbii Dide Irratti Ragga'e, Isaan Hin Amanan.)*** Suuraa Yuunus : 31-33

# HUNDEE 2FFAA

Isaan (Mushrikoonni) Wanni Ja'an "Nuti Isaan Hin Kadhannu, Isaan Hin Gabbarru Rabbitti Akka Nu Dhiheysanii Fii Nu Shafa'aniifi Malee"

'Rabbitti Nu Dhiheysa' Jechuu Isaaniitiif Ragaan Tokkoffaan Jecha Rabbii Ol Taheeti:

﴿أَلَا لِلَّهِ ٱلدِّينُ ٱلۡخَالِصُۚ وَٱلَّذِينَ ٱتَّخَذُواْ مِن دُونِهِۦٓ أَوۡلِيَآءَ مَا نَعۡبُدُهُمۡ إِلَّا لِيُقَرِّبُونَآ
إِلَى ٱللَّهِ زُلۡفَىٰٓ إِنَّ ٱللَّهَ يَحۡكُمُ بَيۡنَهُمۡ فِي مَا هُمۡ فِيهِ يَخۡتَلِفُونَۗ إِنَّ ٱللَّهَ لَا يَهۡدِي مَنۡ هُوَ
كَٰذِبٞ كَفَّارٞ﴾ [الزمر: ٣]

***(Dhagayaa, Allaaha Qofaafi Amantii Qulqulluun. Isaanowwan Rabbi Achitti Waan Biraa Awliyaa (Jaalallee, Gargaaraa, Tumsaa) Godhatan, (Ni Ja'an) "Nuti Isaan (Waan Rabbii Achitti Gabbaramu Hunda) Waa Isaan Hin Gabbarru, Akka Rabbitti Nu Dhiheysaniif Malee." Dhugumatti, Rabbiin Isaan Jiddutti Murteysuuf Taa'a Waan Isaan Keeysatti Wal Dhaban. Dhugumatti Rabbiin Nama Kijibaa Haqa Dhoysu (Kaafira) Hin Qajeelchu.)*** Suuraa Az-Zumar: 3

Mushrikoonni 'Nu Shafa'an' Jechuun Waan Biraa Rabbii Achitti Gabbaruu Isaaniitiif Ragaa Lammafaan Jecha Rabbii Ol Tahee Kana:




﴿وَيَعۡبُدُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ مَا لَا يَضُرُّهُمۡ وَلَا يَنفَعُهُمۡ وَيَقُولُونَ هَٰٓؤُلَآءِ
شُفَعَٰٓؤُنَا عِندَ ٱللَّهِ﴾ [يونس: ١٨]

***(Isaan Ni Gabbaran Allaaha Achitti (Rabbi Cinaan), Waan Isaan Hin Mine Fii Kan Isaan Hin Fayyadne. Isaan Ni Ja'an "Wantooni (Rabbii Cinaan Gabbaramu) Kun Rabbi Biratti Nu Shafa'a".)*** Suuraa Yuunus:18

Asirratti Wanni Beekamu Shafa'aa Ilaalchisee

**Shafa'aa Gosa Lamaatu Jira:**

1. **Shafa'al Manfiyyaa (Shafa'aa Dhorgamtuu Taate)**
2. **Shafa'al Musbataa (Shafa'aa Hayyamamtuu Taate)**

1. Shafa'al Manfiyyaan (Shafa'aa Dhorgamtuu Taate) Jechuun Waan Dandeytiin Harka Rabbii Qofa Jirtu, Waan Rabbii Achi Jirurraa Kajeeluu Ykn Kadhachuu Jechuudha

Kanaaf Ragaan, Jacha Rabbii Ol Tahee Kana:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ أَنفِقُواْ مِمَّا رَزَقۡنَٰكُم مِّن قَبۡلِ أَن يَأۡتِيَ يَوۡمٞ لَّا بَيۡعٞ فِيهِ وَلَا خُلَّةٞ
وَلَا شَفَٰعَةٞۗ وَٱلۡكَٰفِرُونَ هُمُ ٱلظَّٰلِمُونَ﴾ [البقرة: ٢٥٤]

***(Yaa Wara Rabbitti Amantan! Sadaqaa Kennadhaa, Waan Nuti Isinii Kenninerraa, Osoo Hin Dhufne Duratti, Guyyaan Bittaan Isaa Keeysa Hin Jirre, Kan Jaalalleenis Hin Jirre, Kan Shafa'an (Magantaan) Hin Jirre. Warri Rabbitti Kafare Warra Zaalimtoota)*** Suuraa Baqaraa: 254

2. Shafa'al Musbataa (Shafa'aa Hayyamamtuu Taate) Jechuun Shafa'aa Rabbiin Itti Kadhatamu. Kan Shafa'aa Dhaabbatu (Magantaa Seenuu) Kabajamaadha Rabbi Biratti Sababaa Shafa'aa (Magantaa) Saniitiif. Kan Shafa'aa Argatus Nama Rabbiin Jechaa Fi Hujii Isaa Irraa Jaalate. Shafa'aan Tun Kan Arkamtu Yoo Rabbiin Hayyama Godhe Qofa. Kanaaf Ragaan Jecha Rabbii Ol Tahee Kana.

﴿مَن ذَا ٱلَّذِي يَشۡفَعُ عِندَهُۥٓ إِلَّا بِإِذۡنِهِۦ﴾ [البقرة: ٢٥٥]

***(Eenyu Inni Isa Biratti Magantaa Seenu, Hayyama Isaatiin Malee)*** Suuraa Al-Baqaraa:255

## HUNDEE 3FFAA

Nabiyyiin (Sallallaahu Aleyhi Wasallam) Kan Ergaman Ummata Waan Adda Addaa Gabbarutti. Isaan Keysaa Warra Malaaykaa Gabbaruutu Jira, Warra Nabiyyoota Fi Saalihoota Gabbaruutu Jira, Warra Mukaa Fi Dhagaa Gabbaruutu Jira, Warra Aduu Fi Ji'a Gabbaruutu Jira. Garuu Rassuulli (Sallallaahu Aleyhi Wasallam) Isaan Hundaahu Bakkuma Takkaa Lafaa Itti Ka'ee Itti Duule Ykn Garaa Garummaa Isaanii Kana Addaan Hin Baafne.





Kanaaf Ragaan Jecha Rabbii Ol Tahee Kana

﴿وَقَٰتِلُوهُمۡ حَتَّىٰ لَا تَكُونَ فِتۡنَةٞ وَيَكُونَ ٱلدِّينُ كُلُّهُۥ لِلَّهِۚ﴾ [الأنفال: ٣٩]

***(Isaanitti Qabsaawaa (Lolaa)) Hanga Fitinaan (Shirkiin) Dhabamtuu Ammas Hanga Amantiin Hundi Rabbi Qofaaf Tahuutti.)*** Suuraa Al-Anfaal: 39

- Ragaan Ji'aa Fii Aduuu Gabbaruu Isaanii Ibsu Ammoo Jecha Rabbii Kana:

﴿وَمِنۡ ءَايَٰتِهِ ٱلَّيۡلُ وَٱلنَّهَارُ وَٱلشَّمۡسُ وَٱلۡقَمَرُۚ لَا تَسۡجُدُواْ لِلشَّمۡسِ وَلَا لِلۡقَمَرِ وَٱسۡجُدُواْۤ لِلَّهِ ٱلَّذِي خَلَقَهُنَّ إِن كُنتُمۡ إِيَّاهُ تَعۡبُدُونَ﴾ [فصلت: ٣٧]

***(Mallattoo Ykn Aayata Isaa Keeysaa Halkanii Fii Guyyaa, Aaduu Fii Ji'a, Hin Sujuudinaa Aduu Fii Ji'aafis, Garuu Allahaaf Sujuudaa, Kan Isaan San Uumeef, Yoo Dhugaan Kan Isa Gabbartan Taatan.)*** Suuraa Fussilat Aayata: 37

- Ragaan Nabiyyoota Gabbaruu Isaaniitiif Jecha Rabbii Ol Tahee Kana:

﴿وَإِذۡ قَالَ ٱللَّهُ يَٰعِيسَى ٱبۡنَ مَرۡيَمَ ءَأَنتَ قُلۡتَ لِلنَّاسِ ٱتَّخِذُونِي وَأُمِّيَ إِلَٰهَيۡنِ مِن دُونِ ٱللَّهِۖ قَالَ سُبۡحَٰنَكَ مَا يَكُونُ لِيٓ أَنۡ أَقُولَ مَا لَيۡسَ لِي بِحَقٍّۚ إِن كُنتُ قُلۡتُهُۥ فَقَدۡ عَلِمۡتَهُۥۚ تَعۡلَمُ مَا فِي نَفۡسِي وَلَآ أَعۡلَمُ مَا فِي نَفۡسِكَۚ إِنَّكَ أَنتَ عَلَّٰمُ ٱلۡغُيُوبِ﴾ [المائدة: ١١٦]

***(Yeroo Rabbiin "Yaa Iisaa Ilma Maryam! sila situ namootaan anaafi haadha tiyya Rabbii gaditti gabbaramaa lama taasifadhaa jedhee?" jedhu [yaadadhu]. [Inni] ni jedhe: "Ati qulqulloofte! Ani waan haqa naaf hin taane***

***jechuun anaaf hin ta'u. Yoo ani isa jedheera ta'eef, ati dhugumatti isa beeyteetta. Waan lubbuu kiyya keessaa ni beekta. Ani waan nafsii kee keessaa hin beeku. Dhugumatti, ati akkaan beekaa waan fagooti.)*** Suuraa Maa'idaa:116

❁ Ragaan Warra Saaalihoota Gabbaruudhaa, Jecha Rabbii Ol Tahee Kana:

﴿ أُوْلَٰٓئِكَ ٱلَّذِينَ يَدۡعُونَ يَبۡتَغُونَ إِلَىٰ رَبِّهِمُ ٱلۡوَسِيلَةَ أَيُّهُمۡ أَقۡرَبُ وَيَرۡجُونَ رَحۡمَتَهُۥ وَيَخَافُونَ عَذَابَهُۥٓۚ إِنَّ عَذَابَ رَبِّكَ كَانَ مَحۡذُورٗا ﴾ [الأسراء: ٥٧]

***(Warri isaan yaammatan sun eenyuu isaaniitu gara Rabbiitti irra dhihaataadhaan dhiheenya barbaadu. [1] Rahmata isaas ni kajeelu. adabbii isaas ni sodaatu. Dhugumatti, adabbiin Rabbii keetii sodaatamaa ta'ee jira.)*** Suuraa Israa:57

❁ Dhagaa Fi Muka Gabbaruu Isaaniitiif Ragaan , Jecha Rabbii Oltahee Kana:

﴿ أَفَرَءَيۡتُمُ ٱللَّٰتَ وَٱلۡعُزَّىٰ ١٩ وَمَنَوٰةَ ٱلثَّالِثَةَ ٱلۡأُخۡرَىٰٓ ﴾ [النجم: ١٩-٢٠]

***(Laatiifii uzzarraa naaf himaa? Manaatiin tan sadaffaa tanbiraa taates (naaf himaa)?)*** Suuraa Najm: 19-20

❁ Ragaan Biroo Hadiisa Abii Waaqiid Al-Leysii (Radiyallaahu Anhu) Akki Je'e:

"Nabiyyii ﷺ Wajjiin Gama Huneeyn Baane, Nuti Dhihoodha Kufrii Irraa Amanuun, Mushrikoonni Muka Qurquraa Takka Qaban Tan Jala Taa'aan, Isiirratti Meeshaa Waraanaa Isaanii Finnifatan, Isiin Je'an: Saahiba Fannoo (Haadha Fannoo), Nutis Muka Qurquraa Takka Biraan Dabarre, Ni Jennee: 'Yaa Rasuula Allaaha! Haadha Fannoo (Muka Fannoo) Nuuf Godhi, Akkuma Isaanuu (Mushrikoonni) Haadha Fannoo Qaban San'. Rasuulli ﷺ "Isa Lubbuun Too Harka Isaa Jirtuun Kakkadha Akkuma Warri Israa'eel Muusaan Je'e Jettan" Jechuun Dubbate. Hadiisni Dheeraadhaa Ragaan Barbaadame Hanga Kana.

Ummanni Israa'eel Muusaan Wanni Je'e Ummata Taaboota Gabbaru Agarraan Nuufis Taaboota Akkasii Nuuf Godhi Je'aniin.

## HUNDEE 4FFAA

Mushrikni Zamana Keenyaa Kuni Warra Duraa Sanirra Shirkitti Irra Jabaadha. Sababniniis Mushrikoonni Dur Ballina Keeysatti Shirkii Dalagan, Garuu Gaafa Rakkoon Isaan Mudatte Rabbi Qofa Qulqulleysan, Ammoo Mushrikoonni Ammaa, Haaluma Hunda Keeysatti Gaafa Rakkootiis Tahee Gaafa Ballinaatis Rabbitti Sharraksiisanii Waan Biraa Yammatan.

Kanaaf Ragaan Jecha Rabbii Ol Tahee Kana:

﴿ فَإِذَا رَكِبُوا فِي الْفُلْكِ دَعَوُا اللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ فَلَمَّا نَجَّاهُمْ إِلَى الْبَرِّ إِذَا هُمْ يُشْرِكُونَ ﴾ [العنكبوت: ٦٥]

***(Yeroo Doonii Yaabbatan Bahara Gubbaatti Allaaha Qofaaf Diina Qulqulleeysan. Garuu Hoggaa Nagayaan Lafaan Isin Gahe, Isaan Hoggusuma Warra Rabbitti Qindeeysu Tahan.)*** Suuraa Ankabuut :65

Rabbi Kan Waa Hunda Beeku, Rabbiin Nagayaa Fi Rahmata Ergamaa Isaa Muhammadirratti Haa Buusu.

*Hiikkaan Kitaaba Asumarratti Raawata.*

## IBSA HUNDEEWWAN AFRANII

Ibsa Hundeewwan Afraanii Eegaluun Duratti Ibaadaa Jechuun Maal Akka Taate Haa Laallu.

**Ibaadaa Jachuun Maal Jechuudha?**

**Gama Biraatiin Ammallee Namni Tokko Rabbii Achitti Waan Biraa Waan Akka Waliyyootaa Faa Ibaada Yoo Jennu Maal Jechuudha?**

Irra Guddaan Nama Ibaadaa Oggaa Ja'an Waanuma Akka Salaataa, Soomanaa, Zikrii Fi Kkf……Qofa Seha.,




Namni Tokko Waanuma Fedheehu Yoo Taate, Waan San Qalbirraa Kan Jaalatu Yoo Tahe, Ammallee Waan Saniif Kan Of-Gad Qabuu (Akka Na Caala Ja'ee Yaaduudhaan Nama San Biratti Of Xiqqeysuu Faa) ,Fi Miira Tajaajiltummaatiin Kan Itti Dhihaatu Yoo Tahe Waan San Ibaade Ja'ama. Namni Tokko Yoo Waa Jaalate Garuu, Waan Jaalatu Kanaaf Kan Of Gad Hin Qabne Ykn Miira Tajaajiltummaa Guutuu Tahe Kan Hin Qabaannef Yoo Tahe, Ibaada Hin Ja'amu. Fakkeenyaf Akka Jaalala Abbaan Ilmaaniif Qabuu Faa. Kuni Ibaadaa Hin Ja'amu. Ibaada Ja'amuuf Waan Sadeen Olilitti Tuqaman Kana Of Keysatti Hammachuu Qabdi.

Gama Biraatiin Akkaataa Qur'aanaa Fi Hadiisaati Oggaa Deebinu, Ibaadaa Jechuun Hiikkaa Bal'aa Taahee Fi Waa Heeddu Of Keysaa Qabdi, Isaaniis:

- **Ibaadaa Qalbiin Dalagamtu** (Akka Jalala Rabbii, Sodaa Rabbii, Rabbi Abdachuu Fi Kkf .. ),
- **Ibaadaa Arrabaan Dalagamtuu** (Akka Zikrii Godhuu, Qur'aana Qara'uu, Karaa Rabbii Irratti Nama Yaamuu Fi Kkf...)
- **Ibaadaa Qaamaan Dalagamtu** (Akka Salaataa, Soomanaa, Sadaqaa, Fi Kkf...) Faadha.

Kanaafu Walumaagalatti Ibaadaa Jechuun Waanuma Rabbi Gammachiisu Kan Inni Akka Dalagnu Ajaje Hunda Of Keysatti Hammatti.

### Ammallee Ibaadaan Utubaa Sadi Qabdi:

1. ffaa. Jaalala
2. ffaa. Sodaa Fi
3. ffaa. Kajeellaa Ykn Abdii

Utubaan Sadeen Kun Bu’ura Ibaadaati Ja’ama. Gama Biraa Tiin Humna Dalagaa Dalagutti Nama Kakaaftu Ja’aman. Namni Tokko Rabbii Isaa Wanni Ibaaduuf Jaalala Isaaf Qaburraa Kan Ka’e, Sodaa Qixaaxa Isaatii (Azaaba) Fi Kajeellaa Badhaasa Rabbii (Jannata) Irraa Qaburraahi.

Ibaadaan Takka Waan Sadeen Kana Yoo Guuttachuu Baatte, Guutuu Hin Ja’amtu. Namni Tokko Ani Rabbi Niin Jaaladha Kanaafiin Isa Ibaada Malee Soda Isaatiif Isa Hin Ibaadu Yoo Je’e, Nama Kana Ibaadaan Isaa Sirrii Miti. Ammallee Namni Tokko Ani Rabbii Kiyya Niin Sodaadha, Kanaafiin Isa Ibaada Malee Jaalala Isaatii fii Jannataan Arkadhaaf Isa Hin Ibaadu Yoo Je’e, Namichi Kuniis Akkkuma Namicha Duraa Sanii Ibaadaan Isaa Sirrii Miti. Akkasumatti Namni Tokko, Ani Jaalala Jannataatiif Jechaan Rabbi Ibaada Malee, Azaaba Hin Sodaadhu Kan Ja’u Yoo Tahe Nama Kanaas Ibaadaan Isaa Sirrii Miti.

Ulamaa’onni Tokko Tokko Waan Sadeen Kana Fakkeenyaan Oggaa Ibsa Ibaadaan Akka Shinbirroo Oggaa Taatu, Lubbuun Isii Jaalala Rabbiiti, Goflaan Lameen Isi Sodaa Rabbiitii fii Abdii Rabbiiti. Shinbirroon Tun Yoo Lubbuu Hin Qabaanne Duutudha, Ibaadaanis Akkasuma, Ammallee Shinbirroon Tun Goflaa Lachuu Yoo Qabaatte Malee Goflaa Tokko Qofaan Barartee Bakka Barbaade Gayuu Hin Dandeysu.

Ragaan Waan Sadeen Kanaa Jecha Rabbii Keenyaa Kan Itti Aanu Kana

﴿أُولَٰئِكَ الَّذِينَ يَدْعُونَ يَبْتَغُونَ إِلَىٰ رَبِّهِمُ الْوَسِيلَةَ أَيُّهُمْ أَقْرَبُ وَيَرْجُونَ رَحْمَتَهُ وَيَخَافُونَ عَذَابَهُ ۚ إِنَّ عَذَابَ رَبِّكَ كَانَ مَحْذُورًا﴾ [الأسراء: ٥٧]

***(Ormi Sun Isaanowwan Ummanni Yaammatu Sun, Ifumaafuu Waan Gama Rabbii Isaanii Ittiin Dhihaatan Barbaadan, Kamtu Irra Dhihoodhaa Ammas Isaan Ifiifu Rahmata Rabbii Kajeelan, Qixaaxa Isaati Sodaatan)*** Suuraa Israa:57

Ibaadaan Maal Akka Taatee fi Utubaalee Isii Eega Barre, Itti Aansuudhaan Sharxii Ibaadaati Laalla.

Ibaadaaan Takka Qeebalamuudhaaf Sharxii Lama Guuttachuu Qabdi,

Isaanis:

- **Sharxii 1ffaa.** Ibaadaa San Rabbiif Jecha Dalagamuu Qabdi.
- **Sharxii 2ffaa.** Ibaadaan San Sunnaa Nabiyyii Kenyaa Gaxxamuu Qabdi.
- **Sharxiin Tokkoffaa** Wanni Ibsitu , Ibaaduma Daleynu Hundi Rabbi Qofaaf, Utubaalee Ibaadaa Sadeenu

Guuttachuudhaan Niyyaa Fi Ikhlaasa Qulqulluudhaan Tahuu Qabdi.

Kana Jechuun 'Laa ilaaha Illaallah' Jachuudha. Sharxii Tokkoffaa Tana Osoo Hin Guuttanne Ibaadaan Dalagamtu Hundi Shirkii Keysatti Ramadamti.

Ibaadaan Hundi Rabbi Qofaaf Tahuu Qabdi Jechuu Kanaaf Ragaan Jecha Rabbii Keenyaa Kana:

*(Ja'iin:* "Ani !Ajajamee Akkaan Rabbi Gabbaru, Isa Qofaaf Diin Qulqulqulleysuu Dhaan")

Ragaan birootis jecha Rabbii kana:

*(Iisaan Ni Ja'e: 'Yaa Ummata Israa'il, 'Allaha Qofa Ibaadaa Rabbii Kiyyaa Fi Rabbii Keysan Kan Tahe, Namni Rabbitti Waa Qindeyse, Rabbiin Jannata Haraam Isarratti Godhe Jira, Deebi'iin Isaatis Gama Ibiddaati")*

- **Sharxiin Lammaffaa:** Wanni Ibsitu, Ibaadaan Dalagamtu Takka Akkaataa Nabiyyiin Keenya ﷺ Dalagaa Je'ee Itti Nu Ajajetti Qofa Dalagamuu qabdi. Kana Jechuun Namni Nuti Fakkeenya Godhachuudhaan Hordofuu Qabnu Nabiyyii keenya (Salallaahu Aleyhi Wasallam) Qofa. Kana Jechuun Waan Nabiyyiin Keenya (Salallaahu Aleyhi Wasallam) Akka Daleynu Itti Nu Ajajan Dalaguu Qabna, Tan Inni Itti Nu Hin Ajajin Dalaguu Hin Qabnu Jechuudha.

Kana Jechuun "Muhammadun Rassuul Allah" Jechuudha.



Gama Biraatiin Akkana Jechuun; Kan Diddaa Tokko Malee Waan Inni Itti Ajaje Hojjachudhaan Isa Hordofuu Haqa Godhatu, Muhammad (Salallaahu Aleyhi Wasallam) Qofa Akka Tahe Beekanii, Jechaa Fi Gochaanillee Hujii Irra Oolchuudhaan Isa Jala Deemuudha.

Kanaaf Ragaan Jecha Rabbii Ol Taheeti:

﴿قُلۡ إِن كُنتُمۡ تُحِبُّونَ ٱللَّهَ فَٱتَّبِعُونِي يُحۡبِبۡكُمُ ٱللَّهُ وَيَغۡفِرۡ لَكُمۡ ذُنُوبَكُمۡ﴾ [آل عمران: ٣١]

***(Ja'iin (Yaa Muhammad), Yoo Dhugumaan Rabbi Kan Jaallattan Taatan, Najala Deemaa Rabbiin Isin Jaalata ammas cubbuu teeysan Isiniif araarama..)***

Ibaadaan Teenya Hundi Sunnaa Rassuula Keenyaa Gaxxamuu Qabdi, Sharxii Lammaffaa Kana Osoo Hin Guuttattin Ibaadaan Dalagamtu, Bid'aa Keysatti Ramadamti.

Fakkeenyaaf Nabiyyiin Keenyaaf Salaanni Subhii Rakaa Lama Tahuun Beekkamaadha. Namti Tokko Lafaa Ka'eetuma Salaata Subhii Raka'an Lama Rabbii Keenyatti Ni Xiqqaatte Jechuudhaan Raka'aa Afur Yo Salaate Bid'aa Ja'ama. Yoo Irraa Irrisees Bid'aa Ja'ama.

Namni Tokko Lafumaa Ka'ee Namni Maqaa Rabbii Kana Oggu Akkana Je'e Waan Akkanaati Arkata Jechuudhaan Waan Rasuula keenyarraa Hadiisa Sahiiha Keysatti Hin Dhufin Yoo Itti Dalage Kuniis Bid'aa Ja'ama.

# IBSA HUNDEE TOKKOFFAA

### Duraan Dursee Jibbansaa Fi Diinummaan Dilli Kun Maalirraa Kan Dhufe Jettan?

Nabiyyiin Keenya Osoo Umriin Isaa 40 Guuttee Nabiyyummaan Hin Ergamin Dura Hawaasni Arabaa Guututti Nama Hundaa Ol Caalchisanii Waa Hundaa Caalaa Isa Jaalachaa Turan. San Qofaa Mitii Nama Hundaa Ol Isa Amanaa Turan. Garuu Gaafa Inni Nabiyyumaan Ergame Gara "Laa'ilaaha Illaallah" Jechuutti Isaan Yaamuu Jalqabe, Jibbansaa Fi Adawwummaa Addaa Isaan Keysatti Waan Uumamteef Jecha, Arraba Adda Addaatiin Isa Arrabsuun, Maqaa Isa Balleysuun Harkaan Itti Gamuu Fi Hanga Ajjesuutti Yaalii Adda Addaa Godhaa Turan. Jibbansi Dilli Kun Qabeenya Irratti Waldiduudhaa fi Waldiddaa Biraa Qabaataniitii Miti. Ammallee Waan Inni Itti Isaan Yaamu, Kijiba Akka Hin Tahinii fii Dhugaa Akka Tahe Shakkaniitii Miti. Ammallee Inni Nabiyyii Dhugaa Tahuu Isaallee Wallaalaniitii Miti. Rabbiin Inni itti Isaan Yaamulleen Akka Jiruu Fi Waa Hunda Akka Inni Uume Ni Beekan, Ammallee Akka Rabbiin Isaan Razaqullee Ni Beekan.

Kanaaf Ragaan Jecha Rabbii Kana.



﴿ قُلْ مَن يَرْزُقُكُم مِّنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلْأَرْضِ أَمَّن يَمْلِكُ ٱلسَّمْعَ وَٱلْأَبْصَٰرَ وَمَن يُخْرِجُ ٱلْحَىَّ مِنَ
ٱلْمَيِّتِ وَيُخْرِجُ ٱلْمَيِّتَ مِنَ ٱلْحَىِّ وَمَن يُدَبِّرُ ٱلْأَمْرَ ۚ فَسَيَقُولُونَ ٱللَّهُ ۚ فَقُلْ أَفَلَا تَتَّقُونَ ﴿٣١﴾
فَذَٰلِكُمُ ٱللَّهُ رَبُّكُمُ ٱلْحَقُّ ۖ فَمَاذَا بَعْدَ ٱلْحَقِّ إِلَّا ٱلضَّلَٰلُ ۖ فَأَنَّىٰ تُصْرَفُونَ ﴿٣٢﴾ كَذَٰلِكَ حَقَّتْ
كَلِمَتُ رَبِّكَ عَلَى ٱلَّذِينَ فَسَقُوٓا۟ أَنَّهُمْ لَا يُؤْمِنُونَ ﴾ [يونس: ٣١-٣٣]

***(Ja'iin (Yaa Muhammad): "Eenyuutu Samii Fii Dachii Keysaa Isin Razaqa? Ykn Eenyuutu Dhagayaa Fi Arkaa Handhuurfatee Qaba? Ammallee, Eenyuuti Jiraa Du'aa Keysaa Baasee, Duu'aa Jiraa Keysaa Baasa? Eenyuutu Amrii Hunda Gara Galcha?" Isaaniis Ni Ja'an: "Allaah." Atiis Ja'iin: "Duuba Rabbi Hin Sodaattanii (Qixaaxa Isaarraa)". Inni Allaaha, Rabbii Keysan Kan Dhugaati. Eega Dhugaa (Kanaatii), Jallina Malee Maaltu Jira, Akkamitti Irraa Garagaltan? Akkasitti Jechi Rabbii Keetii Warra Ajaja Rabbii Dide Irratti Ragga'e, Isaan Hin Amanan Jechuun.)*** Suuraa Yuunus: 31-33

### Ega Akkana Taate Jibbansaa fi Diinummaan Dilli Kun Maalirraa Ke'e Jettan?

Wanni Nabiyyii Keenyaan Lolaa Turannif Rabbiin Jiraachuu Isaa Amanuu Didaniitii Miti. Isaan Rabbiin Akka Jiru Ni Beekan Kan Isaan Uumees, Kan Isaan Jiraachisuus Kan Waa Hunda Uumee Fi Amrii Waa Hundaa Harkaa Qabu Rabbi Qofa Akka Tahe Ni Beekan Ni Amanan. Ammallee Muhammad (Sallallaahu Aleyhi Wasallam) Nabiyyii Dhugaa Akka Tahees Ni Bekan.

Gaafa Nabiyyiin Keenya Akka Isaan Rabbi Qofa Ibaadanii Jiruu Nagayaa Arkataniif Jecha Gara "Laa Ilaaha Illaallah" Jechuuttii Isaan Yaamaa Ture San, Arrabaa, Jibbansaa Fi Dararaan Adda Addaa Kan Isaan Nabiyyii Keenyaa Fi Hordoftoota Isaa Irraan Gayaa Turan garuu dadhabnaan, Tooftaa Biraatiin Itti Dhufan.

Nabiyyii Kenyan (Salallaahu Aleyhiwasallam) Akkana Ja'aniin, "Yoo Ati Angoofi Kabajaa Barbaada Kan Deemtu Tahe (Feete) Mootii Kenya Si Godhachuuf Amma Ahdii Siif Seenna, Yoo Qabeenya Feete, Irra Qabaataa Keenya Si Goona, Ammallee Yoo Ati Bareedina Dubartii Kan Feetu Tahe, Irra Bareedduu Dubartii Teenyaa Kan Feete Siif Kennina, Waan Ati Itti Nu Yaamturraa Waanuma Takka Nurraa Dhiisi, Isiiniis: "Laa Ilaaha Illaallah" Jechuudha, Takkittima Tana Nurraa Dhiisi" Ja'aniin.

Inniniis Deebisee Akkana Je'een: "Isinis Waan Takka Narraa Fudhaa, Tan Yoo Isii Narraa Fudhattan Araba Hundaa Ol Tahuudhaan Addunyaa Hunda Ittiin Bulchitan Je'een, Isiin suni "Laa Ilaaha Illaallah" Jechuudha Je'een" Isaaniis Tana Hin Fudhannu Ja'aniin .

Gaafa Biraa Adeera Isaa Itti Erganii Gaafuma Tana Dhiheysaniif Inniniis Deebise, "Osoo Aduu Harka Mirgaa Naaf Kaayanii, Ji'a Harka Bitaa Naaf Kaayanii; Akkaan Ani Ergama Kiyya Kana Irraa Deebi'uuf Jecha, Ani Waa Ergama Kiyya Kana Hin Dhiisu." Jechuudhaan Deebiseef Kanarraa Wanni Hubatamu Araboota Keysaa Warri Gaafa San Rabbitti Kafare, Rabbi Cinaa Waa Qabu San Hundi Wanni Isaan Kalimaa "Laa'ilaaha Illaallah" Jettu Tana Diduudhaan Islaamummaa Didaniif, Kalimaan "Laa'ilaaha Illaallah" Tana Waan Isiin Taate Beekan. Waan Kalimaan Tun Itti Nama Ajajju Fi Irraa Nam Dhoorkitu Beekan. Kanaafuu Isaan Waan Kalimaan Tun Itti Nama Ajajju Dalaguus Tahee Waan Isiin Irraa Nama Dhoorkitu Irraa Dhoorkamuu Hin Feene.




Akka Nafseen Isaanii Feete Malee Akka Rabbiin Fedhutti Jiraachuu Hin Feene. Laa'ilaaha Illaallaha, Jennaan Kan Ajajamanif, Kan Sodaatamu, Kan Kadhatamu, Kan Olaantummaa Qabu, Kan Of Gad Qabaniif, Kan Wahi Na Godhaaf Sodaatamuu Fi Kan Wahi Naaf Godhaaf Kabajamu Rabbi Qofa Akka Taate Nii Beekan. Kalimaa Tana Fudhannaan Yaada Isaaniitiis, Kaayyoon Isaan Jiraataniifis Wanni Isaan Dalaganilleenilleen Ni Jijjiiramti.

*Ogguu Kana Wanni Jiraataniif Fedhii Lubbuu Isaanii Guuttachuuf Osoo Hin Tahin, Ajaja Rabbii Gutuudhaafi jiraatan. Ammallee Kalimaan Tun Ilma Nama Hunda Walqixxeysuudhaan, Olaantummaa Rabbii qofaaf Waan Mirkaneysituuf Jecha, Isaan Olaantuummaa Isaanii Malee Olaantummaa Rabbii Kanas Hin Barbaanne. Warri Rabbitti Kafare, Kan Ibaadaa Hunda Haqa Godhatu ALLAH Qofa Akka Tahe Oggaa Itti Himamu, Ni Boonan*.

## IBSA HUNDEE 2FFAA

Akka Rabbiin Aayata Quraanaa Itti Aanu Kana Keysatti Nuuf Ibsetti Mushrikoonni Wanni Rabbitti Sharraksiisaniif Rabbitti Akka Nu Dhiheysanii Fii Nu Shafa'aniifi Jechuu Isaaniiti. Mushrikoonni Kun Akka Ja'anitti Fedhiin Isaanii Guddoon Rabbiitti Dhihaachuudha. Fedhii Isaanii Kana Guuttachuudhaaf Jecha Warra Akka Nabiyyootaatii Fi Warra Akka Waliyyootaa Gabbaruudhaan Akka Sababaa Isaaniitin Rabbitti Dhihaataniifi Isaaniin Shafa'aa Barbaadan. Kana Barbaaduu Isaaniitif Ragaan Aayatoota Itti Aanu Kana.

*Akka Olitti Ibsametti Shafa'aa Ilaalchisee Shafa'aan Gosa Lama Tahuu Ilaallee Jirra*. Isaanis:

1. **Shafa'al Manfiyyaa (Shafa'aa Dhorgamtuu Taate)**
2. **Shafa'al Musbataa (Shafa'aa Hayyamamtuu Taate)**

1. Shafa'aa Isii Dhoorgamtuu Taate Ifa Waan Taateef Asumatti Dhifnee, Shafa'aa Lammafaa Tan Hayyamamtuu Taate Haa Ilaalu.

2. Shafa'al Musbataa (Shafa'aa Hayyamamtuu Taate)





Shafa'aa Rabbiin Itti Kadhatamu. Kan Shafa'aa Dhaabbatu (Magantaa Seenuu) Kabajamaadha Rabbi Biratti Sababaa Shafa'aa (Magantaa) Saniitiif. Kan Shafa'aa Argatus Nama Rabbiin Jechaa Fi Hujii Isaa Irraa Jaalate Qofa. Shafa'aan Tun Kan Arkamtu Yoo Rabbiin Hayyama Godhe Qofa.

Akkuma Beekkamu Guyyaa Qiyaamaa Nabiyyiin Keenya ﷺ Akka Shafa'aa Namaaf Dhaabbchuun Hayyamamteef Beekkamaadha. Guyyaa Qiyaamaa Oggaa Aduun Mataa Nama Hundaa Gubbatti Gad Dhihaattee, Oggaa Namni Akka Tahu Dhabe, Osoo Diirruma Tanarraa Nu Yaasanii Ibiddatti Nunaqanii Irra Wayya Gaafa Ja'an San; Nabiyyiin Keenya (Aleyhisalaatu Wassalaam) Akka Shafa'aa Ykn Magantaa Dhaabbachuudhaan Akka Rabbiin Aduu San Keysa nama Oofee Hisaabaa Eegaluuf Rabbiif magantaa dhaabbatee, Namuu gama Hisaabaa dabra. Kana Malees Muslima Shirkii Irraa Qulqulluu Tahe, Kan Ajaja Rabbii Isaa Guutuuf Tattaafatu, Garuu Kan Diliin Ibidda Isa Neyxeefillee Shafa'aa Dhaabbachuudhaan Akka Rabbiin Ibidda Keysaa Baasu Ni Kadhataaf, Ni Hayyamamaaf. (Waa'ee Gosa Shafa'aa Ilaalchisee Yoo Rabbi Je'e Gaafa Biraa Mata Duree Of Dandaye Jalatti Ballinaan Laallaa.)

Kanaaf Ragaan Jecha Rabbii Ol Tahee Kana.

﴿مَن ذَا ٱلَّذِى يَشۡفَعُ عِندَهُۥٓ إِلَّا بِإِذۡنِهِۦۚ﴾ [الأعراف: ٤٣]

***(Eenyu Inni Isa Biratti Magantaa Seenu, Iznii Isaatiin Malee)*** Suuraa Al-Baqaraa:255

Warri Rabbi Cinaa Waan Biraa Gabbaru, Inumaa Badiin Isaanii Tun Isaan Hanqachuudhaan, Waan Rabbii Achitti Gabbaran Saniif Aayatuma Qur'aana Akka Fedhii Isaaniitti Hiikkachuudhaan Akka Ragaatti Dhiheyfachuuf Oggaa Yaalii Godhan Ni Mullatan.

Ammagaa Dubbii Guddoon As Jirti. Maalif Yoo Jettan, Warra Rabbii Dhiise Nabi Muhammadii Fi Walliyyoota Yaammatuutu Ragaa Waan Dalagan Kanaatiif Aayata Kana Dhiheyfata.

Aayanni Tun Wanni Ibsitu Warri Rabbitti Shafaa'aa Namaaf Dhaabatu Warra Rabbiin Iznii Godheef Malee Akka Hin Dandeenye Dubbatti. Warri Nabiyyii Keenya Yaammatuu Wanni Isaan Ja'an, Nabi Muhammad (Sallallaahu Aleyhi Wasallam) Akka Shafa'aa Namaaf Dhaabbatu Waan Hayyamameef Jecha Isa Yoo Kadhanne Shafa'aa Nuuf Dhaabbata Ja'an.

Duraan Dursee Wannii Beekuu Qabnu Nabi Muhammad (Aleyhisalaatu Wassalaam) Warri Inni Shafa'aa Dhaabbatuuf Warra Isa Yaammatee Fi Warra Isa Gabbareef Osoo Hin Tahin, Warra Rabbii Tokkicha Waa Hundarraa Qulqulleysee Ibaadeefi. Ammallee Shirkii Gosa Hundaa Irraa warra Fagaatee, Rabbi Qofa Yaammachuudhaan, Isa Qofa Gabbaruudhaan Towhiida Isaa Qulqulleyse, Kanneen Jechaa Fi Gochaanillee 'Laa'ilaaha Illaallah' Mirkaneysee Ragaa Baheefi dhaabbata. Kanaafuu Namni Rabbii Achiitti Waan Biraa Kanneen




Akka Waliyyootaa Fi Nabiyyootaa Yaammate, Ykn Kadhate Ykn Gargaarsifate Ykn Sababaa Kana Godhuutiin Rabbittin Dhiheenya Argadha Je'aa Amanu Hundi Nama Rabbitti Sharraksiise Ja'ama. Kanaafuu Namni Kun Araarama Rabbii Hin Argatu Hanga Towbatee Irraa Deebi'utti.

Nabiyyiin Keenya (Aleyhi Salaati Wassalaam) Karaa Caalaa Kan Shafaa'aa Isaa Guyyaa Qiyaamaa Rabbirraa Ittiin Arkatan Maal Akka Tahe Oggaa Nuuf Himu Akkana Ja'an.

Abaa Hureyraan (Rabbi Irraa Haa Jaalatuu) Akkana Jechuun Nabiyyii Keenya Gaafatan:

*"Yaa Rassuulaallah! Eenyu Namni Guyyaa Qiyaamaa Shafa'aa Tee Arkachuuf Hundaa Ol Carraa Qabu?"* Nabiyyiiniis Oggaa Deebisu Akkana Je'een:

*"Guyyaa Qiyaamaa Namnii Shafa'aa Tiyya Arkachuuf Carraa Guddoo Qabuu Nama Qalbii Isaatiin Qulqulleysuudhaan 'Laa'ilaaha Illaallah' Je'e." Jechuudhaan Deebisef.*

Hadiisa Kana Bukhaariitu Odeyse.

*Guyyaa Qiyaamaa Nabi Muhammad (Aleyhisalaatu Wassalaam) Shafa'aan Akka Hayyamamteef Beekkamaadha. Gama Biraatin Waan Biraa Nabiyyii Keenya Gargaarsifachuu Dhiisii, Shafa'aa Isaaf Hayyamamte Taanaahuu "Yaa Rabbi Warra Shafa'aa Nabi Muhammad (Aleyhi Salaatu Wassalaam) Arkatu Keysaa Na Godhi!" Ja'aniiti Rabbi Kadhatan Malee, Nabi Muhammad Kadhachuun Dhoorkaadha. Yoo Kan Isa Kadhatan Taate, Shirkiidha Taati.*

*Shirkii Baanee Rabbiin Akkana Ja'a*

﴿إِنَّ ٱللَّهَ لَا يَغْفِرُ أَن يُشْرَكَ بِهِۦ وَيَغْفِرُ مَا دُونَ ذَٰلِكَ لِمَن يَشَآءُ ۚ وَمَن يُشْرِكْ بِٱللَّهِ فَقَدْ ضَلَّ ضَلَٰلًۢا بَعِيدًا﴾ [النساء: ١١٦]

***(Rabbiin Hin Araaramu, Waa Isa Cinaa Qabu Ykn Isatti Sharraksiisuu, Garuu Waan Sanirraa Hafe Nama Fedheef Ni Araarama. Namni Allaahatti Qindeeyse Dhugumatti Jallina Fagoo Jallate.)*** Suuraa Nisaa'a: 116

Kanaafuu Gabaabdumatti Wanni Rabbiin Qur'aana Isaa Keysatti Itti Nu Ajaje Akka Nuti Waliyyootaafi Nabiyyoota Isa Cinaan Gabbarruu Osoo Hin Tahin, Wanni Itti Nu Ajaje Akka Isa Qofa Yaammannee Isa Qofa Gabbaruufi.

Kanaaf Ragaan jecha Rabbii ol taheeti:

﴿وَأَنَّ ٱلْمَسَٰجِدَ لِلَّهِ فَلَا تَدْعُوا۟ مَعَ ٱللَّهِ أَحَدًا﴾ [الجن: ١٨]

***(Masjiddan Allaaha qofaafi; Kanaafuu Hin yaammatinaa (Hin kadhatinaa ykn hin gabbarinaa) Allaaha wajjiin tokkollee.)*** Al-Jinn: 18

﴿قُلْ إِنَّمَآ أَدْعُوا۟ رَبِّى وَلَآ أُشْرِكُ بِهِۦٓ أَحَدًا﴾ [الجن: ٢٠]

***(Ja'iin: "Ani Rabbii Kiyya Qofaan Yaammadha, Ammallee Ani Rabbitti Waa Tokkollee Hin Qindeysu.")*** Al-Jinn: 20

Gama Biraatin Mushrikoonni Ykn Warri Rabbitti Waa Qindeysu Guyyaa Qiyaamaa Oggaa Ibidda Jahannam Seenan Akka Itti Aanu Kana Jechuudhaan Gaafii Gaafatan, Debisaanis Akka Itti Anu Kanatti Deebitiif.





## Gaafii

Akkana Jechuudhaan Gaafatan:

﴿قَالُوا۟ رَبَّنَآ أَمَتَّنَا ٱثْنَتَيْنِ وَأَحْيَيْتَنَا ٱثْنَتَيْنِ فَٱعْتَرَفْنَا بِذُنُوبِنَا فَهَلْ إِلَىٰ خُرُوجٍ مِّن سَبِيلٍ﴾ [غافر: ١١]

***((Warri Rabbitti qindeeyse) ni jedhan: "Yaa Rabbii keenya! Oggu Lama Nu Ajjeeftee, Ammallee Oggu Lama Nu Jiraachiiftee! Nuti Dilii Teenya Beeynee (Amannee)! Karaan Ibidda Kana Jalaa Ittiin Baanu nuuf hin Hafnee?")*** Suuraa Ghaafir: 11

Gaffii Isaani Tana Keysatti "Karaan Ibidda Kana Jalaa Ittiin Baanu Waan Hafnee?" Jechuudhaan Oggaa Gaafatan, Wanni Jechuu Fedhan; Yoo Waan Akkanaa Gootan Ibidda Kana Keysaa Ni Baatan Wanni Je'u Yoo Kan Jiraatu Taate, Nuuf Himi Ni Dalayna akka as keeysaa baanuuf Jechuu Isaaniiti.

## Deebisaa Isaaniif Deebitu ammoo

Eega Gaafii Gaafatani Amata Kuma Tokko Booda Deebisaan Akkana Jettu Isaaniif Deebiti

﴿ذَٰلِكُم بِأَنَّهُۥٓ إِذَا دُعِىَ ٱللَّهُ وَحْدَهُۥ كَفَرْتُمْ ۖ وَإِن يُشْرَكْ بِهِۦ تُؤْمِنُوا۟ ۚ فَٱلْحُكْمُ لِلَّهِ ٱلْعَلِىِّ ٱلْكَبِيرِ﴾ [غافر: ١٢]

***((Isaaniin Ni Ja'ama): "Ibidda Kana Wanni Seentaniif, Rabbi Qofa Kan Yaammatamu (Oggaa Isiniin Ja'ame), Ni Kafartan (Ni Dhoysitan, Ykn Ni Diddan); Garuu Og-***

***gaa Rabbii Wajjiin Waan Biraa Isiniif Qindeysan Ni Amantan")*** Suuraa Ghaafir: 12

Kanaaf jecha Wanni Isin Ibidda Seentaniif Isaaniin Ja'ama.

Boodarra Oggaa Isaan Gaafii Biraa Gaafatanii Deebisaanis Deebiteef Booda, Deebisaa Hamtuun Isaaniif Kennamtu Ibidda Keysa Fagadhaa Jechuu Malee Furmaata Tokkollee Hin Arkatan.

Kanaaf Ragaan Aayata Qura'aanaa Kana:

﴿ قَالَ اخْسَئُوا فِيهَا وَلَا تُكَلِّمُونِ ﴾ [المؤمنون: ١٠٨]

***(Rabbiin Isaanin Ni Ja'a Fagaadhaa Ibidda Keysa, Wilii (Amma Booda) hin dubbifamtan")*** Suuraa Mu'uminuunaa: 108

Rabbiin Oltahe Isaaniin Jechuuf Jiraata, Kana Booda Ibidda Keysa Zalaalam Jiraatan, Gaafiiillee Gaafachuu Hin Dandayan.

Yaa Rabbi Ibidda Jahannam Duraa Najaa Nu Baasi! Jechaa Ibsa Hundee Lammaffaa Kana Goolabuudhaaf, Arabnii Gaafa Jaahiliyyaa, Kanneen Akka Abu Jahal Faan Wanni Rabbii Achitti Sanama (taaboota) Gabbaraniif Rabbitti Dhihaachuu Fi Ykn Magantaa Rabbi Bira Nuuf Dhaabata Jechhufi.

Namoonni Amma Nuti Muslima Ofiin Ja'an Kanneen Waliyyootaafi Nabiyyoota Yaammaataniis Waanni Isaan Kana



Godhaniif Rabbumatti Dhihaachuu Barbaadaniiti. Kanaafuu Isaan Lamaanuu Tokkuma Garaa Garummaa Hin Qaban.

Dubbiin Isaanii Tun Akka Nama Waliyyootaa Fi Anbiyootaa Wajjiin Walii Galee, Nuti Isin Gabbarraa Isin Rabbi Nurraa Dhoorkaa Ja'eeti Fakkaati. Garuu Haa Jannu Malee Waliyyootaa Fi Nabiyyoonni Hundinuu Kanarraa Qulqulluudha.

## IBSA HUNDEE 3FFAA

Nabiyyiin (Sallallaahu Aleyhi Wasallam) Kan Ergaman Ummata Waan Adda Addaa Gabbarutti. Isaan Keysaa Warra Malaaykaa Gabbaruutu Jira, Warra Nabiyyoota Fi Saalihoota Gabbaruutu Jira, Warra Mukaa Fi Dhagaa Gabbaruutu Jira, Warra Aduu Fi Ji'a Gabbaruutu Jira.

Wanni Beekkamuu Qabu Warri Amantii Kiristaanaa Hordofu Akki Ja'u Nabi Iisaa Fi Haadha Isaa Maryam Baananii Jedhaniin Hiikkaan Isaatiis 'Warra Nama Shafa'u' Jechuu Isaaniiti. Warri Ortodoksii Nabii Iisaa Fi Haadha Baanani Shafa'aa Isaaniitiin Malee Najaa Bahuun Hin Jirtu Jechuu Isaaniiti. Warri Protestaantii Wanni Ja'sn "Iiyyasuus Nu Shafa'uuf Jecha Dilii Teenyaaf Je'ee Fannifame" Ja'an. Inumaa Ogguu Fedhan Inni Rabbi Ja'aan, Ogguu Fedhan Ilma Rabbiiti Ja'an.

Ani Gaafa Tokko Nama Amantii Protestaantii Hordofu Tokko Akkana Je'eetiin Gaafii Laaftuu Takka Gaafadhe. Rabbiin Ati Rabbi Jettee Itti Amantu Kami? Je'eetin Gaafadh. Inniniis Deebisee 'Iyyassuusi' Naan Je'e. Itti Aansuudhaan Gaafii Akka Nuti Muslimoonni Akka Isaan Gaafannuuf Jecha Quraanaa Keysatti Rabbiin Itti Nu Akeeke Takkaan Isa Gaafadhe. Gaafiiniis Akkana Jatti "Dachii Fi Samii Kan Uume Hoo Eenyu?" Je'eetiin Gaafadhe. Ogguu Kana Deebisaa Dura Naaf Deebise Osoo Hin Tahin Wanni Inni Naaf Deebise "Kan Samii Fi Dachii Uume Rabbii" Jechuudhaan Naaf Deebise.

Anis Deebiseetin Akkana Je'een "Rabbiin Dachii Fi Samii Uume Kan Ati Baantu Kun Iyyasuusi Moo Kan Biraatu Jiraa? Jechuuniin Gaafadhe. Inniniis Akkana Jechuun Naaf Deebise. "Lakkii Rabbiin Dachii Fi Samii Uume Isa Guddaa Samii Keysa Jiru" Jechuudhaan Naaf Deebise. Ogguu Kanaan "Duuba Maaliif Oggaa Duraa Rabbiin Ati Itti Amantu Eenyu Je'ee Oggaan Si Gaafadhu, Iyyasuusi Jettee Naaf Deebifta?" Je'ee Gaafadhe. Ogguu Kana Ati Waan Siif Hin Galiniitu Jira Jechuudhaan Waa Heedduu Natti Odeysa.

Kanarraa Wanniin Isiniif Ibsuu Barbaade Mushrikoonni Gosa Hundaa Wanni Rabbi Cinaan Waan Biraa Gabbaraniif, Rabbii Guddaa (ALLAAH) Wallaalanii Akka Hin Tahin Isinitti Mullisumaafi.

Warri Muslima Ofiin Jechaa Rabbi Cinaan Waan Biraa



Gabbarus Wanni Isaan Akkas Godhaniif Kan Kiristaanni Rabbi Cinaan Nabi Iissaa Fi Haadha Isaa Gabbaranii Wajjiin Wal Fakkaatti.

Warra Rabbi Cinaan Nabiyyoota Gabbaru Iaalchisee.

Nabiyoonni Isaan Gabbaran San, Nugabbaraa Waan Ja'aniifii Miti.

Ragaan Nabiyyoota Gabbaruu Isaaniitiif Jecha Rabbiiti:

﴿وَإِذْ قَالَ ٱللَّهُ يَٰعِيسَى ٱبْنَ مَرْيَمَ ءَأَنتَ قُلْتَ لِلنَّاسِ ٱتَّخِذُونِى وَأُمِّىَ إِلَٰهَيْنِ مِن دُونِ ٱللَّهِ ۖ قَالَ سُبْحَٰنَكَ مَا يَكُونُ لِىٓ أَنْ أَقُولَ مَا لَيْسَ لِى بِحَقٍّ ۚ إِن كُنتُ قُلْتُهُۥ فَقَدْ عَلِمْتَهُۥ ۚ تَعْلَمُ مَا فِى نَفْسِى وَلَآ أَعْلَمُ مَا فِى نَفْسِكَ ۚ إِنَّكَ أَنتَ عَلَّٰمُ ٱلْغُيُوبِ﴾ [المائدة: ١١٦]

***(Yeroo Rabbiin "Yaa Iisaa Ilma Maryam! sila situ namootaan anaafi haadha tiyya Rabbii gaditti gabbaramaa lama taasifadhaa jedhee?" jedhu [yaadadhu]. [Inni] ni jedhe: "Ati qulqulloofte! Ani waan haqa naaf hin taane jechuun anaaf hin ta'u. Yoo ani isa jedheera ta'eef, ati dhugumatti isa beeyteetta. Waan lubbuu kiyya keessaa ni beekta. Ani waan nafsii kee keessaa hin beeku. Dhugumatti, ati akkaan beekaa waan fagooti.)*** Suuraa Maa'idaa:116

Abbaan Kitaaba Kana Maxxanse Sheek Muhammad Binu Abdulwahab, Hundee Sadaffaa Jala Akka Kaayetti Mushrikoonni Rabbi Cinaan Waa Hedduu Akka Rabbiitti Gabbaruu Isaaniiti. Wantoota Mushrikoonni Akka Rabbiitti Gabbaran Keysaa Akka Inni Ibsetti: Dhagaa, Muka,

Malaaykota, Nabiyyoota, Saalihootaa Fi Kanneen Kan Fakkaatani. Walumaa Galattu Wantoonni Rabbii Achitti Gabbaraman Kun Hundinuu Waa Takka Namaaf Hin Godhan Waa Takka Naman Godhan.

Nabi Muhammad Tahee, Jibriilis Tahe Wannummaan Samii Fi Dachii Keysa Jiraa Hundinuu Akkuma Keenya Gabroottan Rabbiiti.

Kanaaf Ragaan jecha Rabbiiti:

﴿إِن كُلُّ مَن فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِ إِلَّآ ءَاتِي ٱلرَّحۡمَٰنِ عَبۡدٗا﴾ [مريم: ٩٣]

***(Wannii Samii Fi Dachii Keysaa Jiraa Hindi Gabroottan Rahmaan Tahanii Malee Hin Dhufan.)*** Suuraa Maryam: 93

Kanaafuu Wanni Gabbaramuu Qabu, Rabbii Waa Hunda Uume Malee, Waan Uumame Miti.

Sheek Muhammad Binu Abdulwahab Kitaaba Kana Dhuma Hundee 3ffaa Irra Hadiisa Itti Aanu Kana Kaaye. Hadiisa Kanarraahiis Ergaa Baratamtuutu Jira, Mee Waliin Haalaallu.

Abii Waaqiid Al-Leysii (Radiyallaahu Anhu) Akki Je'e:

"Nabiyyii ﷺ Wajjiin Gama Huneeyn Baane, Nuti Dhihoodha

Kufrii Irraa Amanuun keenya, Mushrikoonni Muka Qurquraa Takka Qaban Kan Jala Taa'aan, Isiirratti Meeshaa Waraanaa Isaanii Finnifatan, Isiin Je'an: Saahiba Fannoo (Haadha Fannoo), Nutis Muka Qurquraa Takka Biraan Dabarre, Ni Jennee: 'Yaa Rasuula Allaaha! Haadha Fannoo (Muka Fannoo) Nuuf Godhi, Akkuma Isaanuu (Mushrikoonni) Haadha Fannoo Qaban San'. Rasuulli ﷺ 'Isa Lubbuun Too Harka Isaa Jirtuun Kakkadha Akkuma Warri Israa'eel Muusaan Je'e Jettan" Jechuun Dubbate.



Hadiisni Dheeraadhaa Ragaan Barbaadame Hanga Kana.

Hadiisa Kanarraa Wanni Namaaf Galu Shirkiin Garii Kan Muslimoota Keysa Facaate Jirtu Ka'uumsi Isaanii Warraa Amantii Islaama Hin Tahin Kanneen Akka Yahuudaa Fi Kiristaanarraa Tahuu Isiiti. Hadiisa Kana Keysatti

Akka Mushrikootaatti Muka "Zaatal Anwax" Jedhamu Haadha Fannoo Akka Warra Mushrikootaatti Nuufis Nuuf Godhi Ja'anii Gaafan. Rasuullinis Waan Bira Jiruuf Jecha Irraa

Dhoorkuun akka warra Banii Israa'eel jettan je'een.

Akkuma Kana Eega Nabiyiin Du'anii Amata Hedduu Turan Booda, Falsafaa, Shirkii Fi Bid'aan Adda Addaa Tan Duraan Yahuudaafi Nasaaraa Keysatti Beekkamtu Muslimoota Keysa Seenuun Jalqabde.

Akkuma Ummanni Israa'eel Ummata Taaboota Gabbaru Agarraan, Muusaan Nuufis Taaboota Akkasii Nuuf Godhi Je'aniin Sanitti Nabi Muhammadiinis (Aleyhi Salaatu Wassalaam), Nuufis Muka Fannoo Nuuf Godhi Ja'aniin.

Akkasuma Eega Nabi Muhammad (Aleyhi Salaatu Wassalaam) Du'anii Waggaa Dheeraa Turan Booda, Akkuma

Nasaaraan Dhaloota Nabi Iisaa Kabajjuutti Nutiis Dhaloota Nabiyyii Keenyaa Kabajana Jechuun Mowlida Ja'anii Dibbee Tumuu Fii Shubbisuudhaan Bid'aa Fi Shirkiii Adda Addaa Islaamummaa Keysa Naqachuudhaan Diin Islaamaa Lafatti Dhiisanii Shirkumaa fi Bid'aa Dalagutti Seenan.

Yoom Kana Qofa Waa Hedduu Kan Yahuudaa Fi Nasaaraa Irraa Laallachuudhaan Islaamummaa Keysa Naqaniitu Jira. Yoo Rabbi Je'e Mata Duree Haaraya Jalatti Ballinaan Laala.

Sababaa Kanarraa Kan Ka'e Ummata Muslimaa Jiddutti Garaa Garummaa Fi Fitinaan Adda Addaa Uumamuu Jalqabde. Kana Booda Firqaaleen Adda Addaa Maqaa Adda Addaa Baafachuudhaan, Qur'aanaa Fi Sunnaa Rassula Keenyaa ﷺ Tan Hadiisa Sahiihaan Deeggaramte Lafatti Dhiisuudhaan, Falsafaa Fi Bid'aa Adda Addaa Jala Deemu Jalqabde.

Ummanni Muslimaa Humna Dhabuudhaan Adawwiin Akka Feetetti Itti Tabachuunis Kanumarraa Dhufte. Mee Asummatti haa Dhaabne Gara Kutaa Itti Aanutti Dabarruu.

## IBSA HUNDEE 4FFAA

**Duraan Dersee Mee Seenaa Ajaa'ibaa Tan Zamana Keenya Kana Keysa Argamte Tana Dubisaa.**

Seenaa Zamana Keenya Argamte Takka Keysatti Faranjichi Amantiin Isaa 'Athiest' Taate Tokko Ykn Warra Rabbiin Hin Jiru Je'ee Amanuu Keysaa Tahe Tokko Markaba Yaabbatee Osoo Bishaan Bahar Irra Deemaa Jiruu, Qilleensi Guddaan Tokko Dhufee Markaba Kana Gara Galchuudhaaf Gamaagamana O'oofuu Eegale. Qilleensi Kun Jabaatee Markaba Kana Ol Fuudhee Samii Keysa Ol Kaasuudhaan Cinaacha Tokkoon Gara Galchuu Bira Gahe. Garuu Wanni Nama Ajaa'ibsiisu Ogguu Dubbiin Jabaattee Namoonni Markaba Kana Keysa Jiru Hundi Du'uuf Deemna Ja'anii Qalbiin Isaan Cabuudhaan Rifatan. Faranjichi Rabbiin Hin Jiru Je'ee Amanu San Osuma Itti hin Yaadin "O! God, Save Us!" Je'e Hiikkaan Isaatii "Yaa Rabbi Nu Baasi!" Jechuu Dha. Ammallee Itti Deddeebisee Jechuu Itti Fufe. Xiqqo Booda Qilleensi Kun Irraa Dhaabbatee Markabni Kun Nagayaan Deemuu Jalqabe. Eegas Nagayaan Gara Biyyaa Itti Deemaa Jiraniitti Galan. Faranjichi Eega Mana Isaatti Galee Hafura Baafate Booda Yaanni Akkana Ja'u Tokko Qalbii Isaa Keysa Dhufe. "Ani Duraan Rabbiin Hin Jiruu Jechuudhaan Amanaa Turee, Maaliifin Yaa Rabbi Nu Baasi Je'ee Kadhadhe?," Ammallee "Rabbii Kamiin Kadhadhe?" Gaafiin Jettu Sammuu Isaa Keysa Dhufte. Garuu Deebisaa Waan Hin Arkatiniif Jecha, "Afaanuma Kiyyaatu Tasa Akkas Je'e Malee, Wanni Rabbi Ja'an Hin Jiru" Jechuudhaan Yaada Kana Asumatti Firraa Goolabuudhaan Bira Kute.

Faranjichi Kun Yeroo Dheertuu Booda Biyya Misraa Daawwiidhaaf Dhaqe.

Biyya Misraa Keysa Osuma Oliifi Gad Deemu, Namoota Taa'ee Qur'aana Afaan Ingiliffaatti Hiikkame Waliif Dubbisutti Jiru Tokko Hafuura Baafachuuf Jecha Ummata Kana Cinaa Xiqqoo Irraa Achi Siqee Gad Taa'e.

Namoota Qur'aana Waliif Qara'u Kana Keysaa Tokko Qur'aana Afaan Arabaatiin Ogguu Qara'u, Kan Biraa Afaan Ingiliffaatti Kan Hiikkame Irraa Dubbisa. Suuraan Qur'aanaa Tan Isaan Akkanatti Qara'an Tun Suuraa 'Luqmaani. Namtichinis Qur'aana Irraa Dubbifamu Kun Itti Tollaan, Taa'ee Dhageyfachutti Seene. Osuma Ja'anii Suuraa Luqmaan Tanarraa Aayata Itti Aanu Kanarra Gayan.

﴿أَلَمْ تَرَ أَنَّ ٱلْفُلْكَ تَجْرِى فِى ٱلْبَحْرِ بِنِعْمَتِ ٱللَّهِ لِيُرِيَكُم مِّنْ ءَايَـٰتِهِۦٓ ۚ إِنَّ فِى ذَٰلِكَ لَـَٔايَـٰتٍ لِّكُلِّ صَبَّارٍ شَكُورٍ ﴿٣١﴾ وَإِذَا غَشِيَهُم مَّوْجٌ كَٱلظُّلَلِ دَعَوُا۟ ٱللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ ٱلدِّينَ فَلَمَّا نَجَّىٰهُمْ إِلَى ٱلْبَرِّ فَمِنْهُم مُّقْتَصِدٌ ۚ وَمَا يَجْحَدُ بِـَٔايَـٰتِنَآ إِلَّا كُلُّ خَتَّارٍ كَفُورٍ﴾ [لقمان: ٣١-٣٢]

***(Sa Hin Agarre Markabni Bahar Irra Kan Isiniin Loohu, Tola Rabbiin (Isiniirratti Oole) Irraahi, Aayata (Mallattoo) Isaa Isin Agarsiisuudhaafi; Kana Keysa Mallattootu Jira Warra Obsa Qabuu Kanneen Galata (Rabbii) Galchaniif. Ammaas Oggaa Damballiin Bishaanii Akka Gaaddisaatti Isaan Uwwifte (Oggaa Isaan Fixuuf Kaate), Rabbi Ni Yaammatan, Haala Isa Qofa Qulqulleysoo Tahaniin; Garuu Oggaa Nagayaan Lafatti Isaan Buufne, Isaan Keysaa Warra Jiddumatti Dhaabbatuu (Garagaluutu) Jira. Mallattoo Teenya Kan Nu Mormu Hin Jiru, Hunda Warraa Ahdii Diigu Kan Galata Hin Beeyne Yoo Taate Malee.)*** Suuraa Luqmaan:31-32




Faranjichi Kun Oggaa Aayata Kana Dhagahee Ummanni Kun Waa'ee Kiyya Haasawu Jiran Jechuu Yaaduudhaan, akka tasaa Warra Gaafa Markabnii Nuun Garagaluuf Ka'e San Naa Wajjiin Jiru Ta'uu Malan yaada jedhuun Lafaa Ka'ee Ummata Kana Bira Dhaquudhaan, Wanni Isin Amma Waliif Dubbistan San Maali? Jechuun Isaan Gaafate.

Isaaniis "Kuni Qur'aana" Jechuudhaan Deebisaniif. Faranjichinis "Wanni Isin Reefu Dubiftan San Waa'ee Kiyya Dubbata!" Je'een. Isaaniis Akkamitti Ja'anii Ogguu Kana Seenaa Isaa Tan Bahar Irratti Markabni Garagaluu Gahee San Akka Jirutti Isaaniif eega Hime Booda, Kanaaf Jecha Nama Gaafa San Oggaan Ani Yaa Rabbi Nu Baasi Je'ee Lallabu San Nabira Jiruutu Waa'ee Kiyya Barreyse Seheetiin Lafaa Ka'ee Isin Gaafadhe Je'een.

Isaanis Kuni Qur'aanni Jecha Rabbi Akka Tahee Nabi Muhammad ﷺ Irratti Kan Bu'e Tahuu Itti Himan. Ogguu Kan Faranjichi Kun "Nabi Muhammad tarii Bahara Irra Osoo Deemuu Akkuma Kiyyatti Wanni Na Qunname Isa Qunnamee Barreyfama Kana Barreysuu Hin Dhabu" Je'een. Isaanis Nabi Muhammad Bahara Irra Deemee Akka Hin Beeyne Itti Himan. Faranjichi Kun Qur'aana Kana Naaf Kenna Jechuudhaan Irraa Fudhatee Ummata Kana Biraa Eega Deeme Booda. Galmee Seenaa Qorachuudhaan Nabi Muhammad Bahara

Irra Deemee Akka Hin Beeyne Mirkaneeyfate. Ogguu Kana Qur'anaa Dubbisiifi Waa'ee Islaamummaa Barruu Itti Fufe. Wanni Inni Dubbisu Hundi Waanuma Dhugaa Kan Qalbii Nama Seentu, Ammallee Waanuma Ajaa'iba Itti Taate. Islaamummaan Qalbii Isaa Waan Boojiteef Jecha Dhumarratti Qur'aana Kana Rabbii akka Ilma Namaa itti Uume Beekuutu Barreyse Jechuudhaan, Islaamummaa Eega Fudhate Booda Seenaa Akka Itti Islaamawee Kana Hunda Ifiif Hime.

Seenaa Tana Wanniin Barreyseef Barnoota, Kitaaba Kanaa Hundee 4ffaa Jalatti, Sheek Muhammad Binu Abdulwahabiin Kayyamee Wajjiin Waan Wal Fakkaatuufi.

Kutaa Kana Jala Sheek Muhammad Binu Abdulwahab Wanni Kaaye.

Mushrikni Zamana Keenyaa Kuni Warra Duraa Sanirra Shirkitti Irra Jabaadha. Sababninis Mushrikoonni Dur Ballina Keeysatti Shirkii Dalagan, Garuu Gaafa Rakkoon Isaan Mudatte Rabbi Qofa Qulqulleysan, Ammoo Mushrikoonni Ammaa, Haaluma Hunda Keeysatti Gaafa Rakkootis Tahee Gaafa Ballinaatis Rabbitti Sharraksiisanii Jechuudhaan Aayata Qur'aanaa Kana Itti Aansuudhaan akka ragaatti fidate:

﴿فَإِذَا رَكِبُوا۟ فِى ٱلْفُلْكِ دَعَوُا۟ ٱللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ ٱلدِّينَ فَلَمَّا نَجَّىٰهُمْ إِلَى ٱلْبَرِّ إِذَا هُمْ يُشْرِكُونَ﴾ [العنكبوت: ٦٥]

***(Yeroo Doonii Yaabbatan Bahara Gubbaatti Allaaha Qofaaf Diina Qulqulleeysan. Garuu Hoggaa Nagayaan Lafaan Isin Gahe, Isaan Hoggusuma Warra Rabbitti Qindeeysu Tahan.)*** Suuraa Ankabuut :65



Akkuma Aayata Qur'aanaa Kanarratti Agartanitti Oggaa Dhugaan Dhufte Waanuma Qalbii Keysa Jiruutu Baha. Ummanni Rabbiti Kafares Durumaanuu Rabbii Guddaa Nu'uume Kana Osuma Qalbiin Isaanii Beeytuuti Haqa Dhooysuudhaan Hanga Rabbi Irraanfachuu Fi Rabbummaanuu Hin Jiru Jechuu Gayan.

Jechi Kufrii Ja'uus Kan Dhufe Jecha 'Kafara' Je'urraahi. Kafara Jechuun Uwwisuu Ykn Hagooguu Jechuudha. Fakkeenyaaf Oggaa Midhaan Facaasan, Biyye Irratti Deebisan. Oggaa Biyyee Irratti Deebisan Booda Midhaan Faca'e Kun Waan Biyyeen Hagoogamuuf Jecha Ni Dhokota. Afaan Arabaatiin Kuni 'Kafara' Ja'ama. Kufrii Jechi Ja'uus Kanarraa Dhufe.

Akkasuma Warri Kafare Hundinuu Akkuma Midhaan Oggaa Facaafamu Biyyeen Hagoogamee Dhokatutti, Qalbii Isaanii Keysatti Haqa Waan Dhooysaniif Jecha Kaafira Ja'aman.

Xumuramee



# DHAAMSA DUBBIFTOOTAAF

Kitaaba Kana Afaan Oromootti Hiikuu Keysatti, Kitaaba Kana Keysaa Wanni Haqa Gaxxame Hundi Rabbirraahi, Garuu Doggogoraa Fi Wanni Haqa Hin Gaxxamin Hundi Nafsee Tiyyaa Fi Sheyxaanarraahi.

Dubbiftoota Kabajamoo Kitaaba Kana Oggaa Dubbiftan Yaadas Tahee, Waan Sirraawuu Qaba Jettanis Yoo Jiraate Ammallee Waan Dogongoraa Yoo Agartan teeysoo Gaditti Ibsamaniin Fayyadamuudhaan Qooda Gama Keysannii Akka Bahattan Afeeramtanii Jirtan.

Facebook:
https://www.facebook.com/salah.ahmed.946517

Rabbi Kan Waa Hunda Beeku, Rabbiin Nagayaa Fi Rahmata Ergamaa Isaa Muhammadirratti Haa Buusu.

IslamHouse.com

IslamHouseOr
IslamHouseOR/
islamhouse.com/or/
IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

GuidetoIslam.org  Guidetoislam1  Guidetoislam  www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة
هاتف: ٠٠٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+  فاكس: ٠٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+  ص ب: ٢٩٤٦٥  الرياض: ١١٤٥٧

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH
P.O.BOX 29465   RIYADH 11457   TEL: +966 11 4454900   FAX: +966 11 4970126